

MOOTICHA A FI GOOTICHA

URJII JAARRAA 2^{FFAA}

FAKKEENYA BULCHIINSA GAARII



Abdulhaliim Arabuu

Baafata

Mata-Duree	Fuula
Ittiin Naaf Yaadatami.-----	3
Baafata -----	4
Iddo bu'ee jechoota gabaajeedhaan barreeffamanii. -----	7
Hiika jechoota adda ta'anii. -----	7
Galatoomaa -----	8
Dursa Abbaa Kitaabaa -----	9
BOQONNAA TOKKO-----	13
Bulchaa fi Bulchiinsa -----	13
Bulchiinsa -----	15
Bulchiinsa (itti gaafatamummaa) ija Islaamaatiin.-----	17
Bulchaa -----	20
Bulchaa ija Islaamaatiin -----	25
BOQONNAA LAMA -----	36
Dhiibbaa fi Ga'ee Seenaa.-----	36
BOQONNAA SADI-----	43
Galaana Seenaa Umar Ibnu Abdul'aziiz Irraa.-----	43
Umar ibnu Abdul'aziiz jechuun...-----	43
Bu'uurri isaa eessa laata?-----	45
Ergamaan keenya Muhammad (S.A.W) hoo waa'ee isaa maal dubbatani? -----	48
Kitaabonni duraanii hoo waa'ee Umar maal dubbatan?-----	50
Dhaloota isaa fi yeroo daa'imumaa isaa. -----	52
Imalaa fi dharraatii isaa kallattii beekumsaa keessatti.-----	54
Hawwii isaa-----	56
Bultii ijaarrachuu Umar ibnu Abdul'aziiz. -----	57
Bulchaa ganda Kanaasiirah ta'uu isaa.-----	58

Bara bulchiinsa Umar ibnu Abdul'aziiz Hijaazirratti (86- 93 A.L.Hijraatti.)	59
Walitti dhufeenya gidduu Umar fi bulchitoota kaanii ture.	65
Umar aangoo irraa buufamuu isaa.	67
BOQONNAA AFUR	69
Bara Bulchiinsa Mootii Umar Ibnu Abdul'aziiz (Safar, 99 - Rajab, 101A.L.Hijraatti.)	69
Namoota jijjiirama inni fide keessatti shoora ol aanaa taphatan.	75
Eeruu gorsaa gorsitoota irraa kennameef.	81
• Turtii umar bulchiinsa isaa keessatti godhe.	90
❖ Bakka inni beektotaa fi namoota kaan birattillee qabu.	90
❖ Jiruu biyya lafaatiif dantaa dhabuu isaa.	94
❖ Sodaa fi Gabbarsuu Rabbii keessatti.	101
❖ Haqummaa isaa.	108
❖ Seera kabachiisuu keessatti.	116
❖ Haaromsa mana sirreessaa.	120
❖ Umar fi man-kuusa qabeenya ummataa.	122
❖ Misoomaa fi sirna hoggansa lafaa keessatti.	129
❖ Umar fi ilmaan Umawiyootaa.	132
❖ Caasaa duraanii diiguu keessatti.	139
❖ Gara laafina inni qabuu fi sodaa inni cubbuuf qabu.	143
❖ Gara laafina inni beelladootaa fi lubbu qabeeyyii kaaniifis qabu.	149
❖ Jaalala ummanni isaaf qabu.	152
❖ Hordoffii Fi Tika Inni SunnaaDhaaftaasise.	154
❖ Babal'ina amantaa Isalaamaatiif shoora inni taphate.	156
❖ Dhiifama Gochuu Keessatti.	163
❖ Boo'ichaa fi gadda isaa.	166
❖ Abjuulee inni arge keessaa.	169
❖ Namoota abjuudhaan isa argan keessaa.	172
❖ Dhukkubaa fi du'a isaa.	174
❖ Jechamootaa fi gorsoota isaa keessaa	180

Mootichaa fi Gooticha

❖ Du'a isaatiin ummanni hangam laalatan?	182
❖ Komii isarratti ka'e.	183
❖ Dhaala hoo maal dhiisee du'e?	185
Xumura Irrattis	188
Wabiilee	195

BOQONNAA TOKKO

Bulchaa fi Bulchiinsa

Yaa ajajaa mu'umintootaa. Bulchaan haqummaan bulchu akka abbaa ilmaan isaatiif gaaritti. Da'a'imummaa jaraa keessatti ni ba'isaaf, arga jarri guddatan booda ammoo jara barsiifata. Har'a jaraatiif dhaabbatan bori jaraatiifis yaada.

Bulchaa haqummaa qabu jechuun akka haadha ilmaan isitiif garaa laaftuuti. Haala ulfaataan garaatti jara baattea, haala ulfaataadhaanis jara deessi. Haala ulfaataadhaanis ammoo jara guddisti. Yoo jarri fiigan ni fiigdi. Yoo jarri taa'an ni teessi. Gammachuu jaraatiin gammadaa gadda jaraatiin gadditi. Bulchaan haqummaa qabu abbaa amaanaa yatiimotaati. Tikkaa harka qalleeyyitiis. Da'a'imummaa jaraa karaan argalee jara tikaa. Jara guddisaa.

Bulchaa haqummaan qabu jechuun akka qabii(onnee) laphee keessatti argamtuuti. Kan yoo isiin tolte qaamni guutuun tolu. Yoo isiin badde ammoo qaamni guutuun badu. Bulchaan haqummaan bulchu. Namticha gidduu Rabbi fi gidduu gabroota isaa dhaabbate dha. Jecha Rabbiis ni dhagaha. Kan gabrootas akkasuma. Gara Rabbiis ni haala gabrootas ni arga.

Yaa dura-bu'aa mu'umintootaa aango. Rabbiin harka kaa kaa kana keessatti akka gabriichaa sayyida³ isaa qabeenya isarratti amanani gabriichichi ammoo qabeenya isaa isarratti danda' dhaaba fi qur'aan ta'aa sayyida isaa fi maati sayyida isaa rabbiirra hamaa isaa ta'aa.⁴(Hasan Al-Basrii)

³Gooftaa.

⁴Siiratu Umar ibnu Abdulaziz; Ibnul Jawzii.

Jechi armaan olitti ilaalle xalayaa beekaan beekamaan Hasan Al-Basrii jedhamanu ajajaa mu'umintootaa fi khaliifaa shanaffaa kan ta'e Umar ibnu Abdul'aziiziif bara inni aangoo ajajaa mu'umintootaa⁵ ta'uu keessa argate sana kan isaan barreessanidha.Fuul-duratti ni ilaalla.

Gabaabinumatti bulchiinsa gaarii uumuuf bulchaan akkamii akka barbaachisu xalayaa Hasan Al-Basriin Umariif barreessan kana irraa hubachuu dandeenya.

Mata-duree bulchaa fi bulchiinsa gaariitiin wal-qabatee kitaaboleen hedduun afaan adda addaa,bifoota adda addaa fi akkasumas qaamota adda addaatiin qophaa'anii gabaa irratti dhihaatanii ni mul'atu.

Dubbistoonni akka hubatanuu fi akkasumas dhimmoota tokko tokkoon wal-qabatee maqaan ittiin ibsamu bifa adda addaatiin ta'uutu mala. Fakkeenyaaf;- bulchiinsa,geggeessummaa,itti gaafatamummaa,... fi kanneen biroos ni jiraatu.

Haa ta'u malee walumaa galatti mata-duree kana jalattibiyoota hedduu keessatti qaamonni mootummaallee barreeffamoota hedduu qopheessuun yeroo bifa gurgurtaa fi tolaatiin hawaasaaf gumaachan ni mul'atu.

Mata-duree kana keessatti qaama mootummaa fi miti-mootummaa,amantaalee,sabaa fi kanneen biroollee osoo hin

⁵ Namoota Rabbitti amanan.

hanbisiin qaama hunda kan ilaallatu waan ta'eef jaal'ataniis ta'e osoo hin jaallatin, beekaniis ta'ee osoo hin beekin dirqama namni martuu dhimma kana keessatti of arga.

Sababni isaas akkuma dura dubbanne barbaachisummaa bulchiinsaa keessatti namni mormii qabu waan hin jirreef bulchiinsa barbaadu sanaaf bulchiinsa gaarii akka ta'u barbaaduun isaa dhugaa shakkii hin qabne.

Kanaafuu nutis mee hanga itti seensaatiif dhimma bulchiinsaatiin wal qabatee waa tokko lama jennee dabarfanna.

Bulchiinsa

Bulchiinsa ilaalchisee kitaabonni biyya keessaa baay'inaan jiraachuu baatanus kitaabonni biyya alaa hedduun hiikolii adda addaa kennaniiru. Kanumaafi "John c. Maxwell" barreessaan jedhamu kitaaba isaa "leadership 101" jedhamu keessatti bulchiinsi ykn itti gaafatamummaan hiikolii 800-850 ni qabaatu jedhee kan inni kaa'eef.

Eeyyen tarii hanganaa olis qabaachuu isaatu mala. Jarreen sana keessaa mee hiika barreessitoonni bulchiinsa ykn itti gaafatamummaadhaaf kennan keessaa hanga ta'e haa ilaallu.

Bulchiinsi;

- **Imaanaadha.**
- **Tajaajila dhuunfaa osoo hin taane ummata tajaajiluudha.**

- Furmaata rakkoo har'aa fi balbala abdii boriiti.
- Sabaaf dhaabbachuudha.
- Kutannoodha.
- Yaada bal'aa fi garaa bal'aa qabaachuudha.
- Caalanii argamuudha.
- Mul'ata dhalootaaf ta'anii galma milkii jaraa itti agarsiisuudha.
- Dhiibbaa geessisuudha.
- Gocha namoonni gochuuf fedhii fi abdii hin qabne tokko keessatti akka jarri gocha sana raawwatanuu fi gochuu jaraa sanaafis akka hin gaabbine gochuu dha.
- Taatewwan bita galeeyyii ta'an qabaa jaraa itti beekuudha.

Fi kanneen biroos hiika hedduu ni qabaatu.

Bulchiinsi tokko bulchiinsa lubbu qabeessa(gaarii/bulchiinsa dhugaa) ta'uuf qaamolee gurguddoo afur qabaachuun dirqama.

1) Karoora

Bulchaa bulchiinsa sanaas ta'ee hordoftoonnis yeroo bulchiinsa sana hundeessanu karoora fi kaayyoo galmaan ga'uuf kaayyatan kan yeroo gabaabaa fi yeroo dheeraa ni qabaatu. Ta'uu baannaan bulchiinsi karoora mataa isaa hin qabne "bulchiinsa" hin jedhamu.

2) Bulchaa

Karoora bulchiinsichi karoorse sana jalqabsiisuufis ta'ee galmaan ga'uuf dirqama bulchaa of wareegee, qormaatota hedduu dandamatee, hordofootaaf abdii ta'ee bulchiinsicha fuul-duratti deemsisu isa barbaachisa. Yoo hin taane akkuma armaan olitti dubbanne bulchiinsichi hiika guutuu hin qabaatu jechuudha.

3) Hordofoota

Bulchiinsa hundeeffame sana keessatti bulchaa sana utubuun maddii isaa dhaabbatanii karoora bulchiinsichi baase bulchaa kaayyatan sana waliin ta'uun kan fuulduratti tarkaanfachiisan hordofoota ykn utubdoota barbaachisa.

4) Adeemsa bulchiinsichaa

Karoora ba'e irratti hundaa'uun bulchaa fi hordofoonni waliin ta'uun karooricha galmaan ga'uuf bulchiinsichi adeemsa mataa isaa qabaachuu qaba. Qaamota armaan olitti waamne afran keessaa tokko ni hir'ata taanaan tarii bulchiinsichi hiika hin qabaatu. Hiika yoo qabaates hiika guutuu qabaachuu hin danda'u.

Bulchiinsa (itti gaafatamummaa) ija Islaamaatiin.

Kana malees bulchiinsaan wal-qabatee ilaalca Islaamni qabu gabaabsinee haa ilaallu.